# Biiftuu,Lafaa fi Samiiwwan nan abuura




Hawaan Kiisii koo keessa

Giraazinaa Istaasiniskaa

Buufata Qorannoo Paaris



"Samii fi waktiilee" hojii hogeessa aartii Innuyit Keenojuwaak Ashevaakiin.



"Samii Waloo", hojii waloo hogeessota aartii Awustiraaliyaa fi Afrikaa kibbaa irraan.

*Akka calaqqee ifaa libsuu ijaa keessatti samii qaxxaamuruutti nutti mul'atu.*

*Yeroo baay'ee gareedhaan naannoo yeroo walfakkaataatti dhufu.*

## Urjiilee

Kunniin urjiilee miti, garuu hambaalee xixiqqoo ispeesii irraa ti. Ruqooleen kun yammuu atimoosfeeriitti seenan ho'uun daandii ifaa gadi lakkisu.

Yeroo Lafti daandii koometii isa duumessa dhukkee boodaan gadi lakkisu qaxxaamuru, 'agarsiiftuu urjii furguggifamtuu' argina.

'Agarsiiftootni' baay'ee ulfaatoon Hagayyaa fi Onkoloolessa keessa mul'atu.



Fakkii Lafaa Saatalaayitii NASA'n fudhatame. Kaabaa fi Kibba Ameerikaa agarsiisa .

## Lafa




Teessuma Lafaa Lafarraa



Pilaanetoota

## Pilaanetoota



Suura qinda'aa ykn fotoomoontejjii pilaanetoota tartiiba fageenya isaan Biiftuu irraa qabaniin agarsiisu. Hunda isaanii agarsiisuuf, hammaa fi fageenyi isaanii adda hin bahu.
Pilaanetootni lama qubeelaa qabu:Saatarnii fi Yuraanusii.

**Muraasni isaanii akka calaqqee ifaa xiqqootti ijaan samii keessatti argamuu danda'u.**

**Teleskooppiidhaan, bocasaanii naannawaa fi halluu ykn bifasaanii arguun ni dandeessa.**

## Pilaanetoota

Pilaanetoota Biiftuutti naanna'an 8'tu jira. Tartiibaan: Meerkurii, Veenusii, Lafa, Maarsii, Juuppitarii, Saatarnii, Yuraanusii fi Neeptuunii. Muraasni jajjaboo ykn dhakaa, kaan gaasota.
Muraasni addeessa qabu, kan akka Lafaa (addeessa tokko qofa kan qabu).
Pilaanetootni kumaatamni Gaalaaksota keessatti argamaniiru, tokkoo tokkoon isaanii biiftuutti marsu.



Agarsiiftuu urjii furguggifamtuu

## Urjiilee



Urjii furguggifamtuu Chiilee keessatti. Xiyyootni ifaa waan bakka tokkoo dhufan fakkaatu (suuraan Yuurii Beletiskiin)

***Geengawaa ,bishaaniin, gaarreniin, bosonaan kan marfame, fi akkasumas gammoojjiiwwan, fi bakka uumamni lubbu-qabeeyyiin garagaraa miliyoonotaan keessa jiraatan?***

## Lafa

*Yoo naannoo kee ilaaltee beekta ta'e, Lafti diriiraa ta'uu dhiisuun isaa yeroo dheeraaf beekamaa dha. Akkuma maarbilii geengawaa dha.*

*Lafti Biiftuutti naannofti, garuu yeroo Lafarra jiraannu yaada ykn ilaalcha Biiftuutu nutti naannawa jedhu qabna.*

*Humni harkisa Lafaa haa galatoomu malee, osoo hin kufiin Lafarra eessa iyyuu deemuu dandeenya.*



Haala teessumaa Addeessa waliin

## Addeessa



Addeessa Golboo 'dhaabbachuu'
Suuraan Gaaryi Haartiin



Addeessa Golboo 'dugda ishee irraan'
Suuraan Taavii Gireeyineriin

Kallattiin addeessa golboo guyyaa, waktii fi argama Lafarraa irratti hunda'a.

Akkuma galgala'aa deemuu akka calaqqee ifaa xixiqqootti argamuu ni danda'u.
Iddoo heeddummatanitti, ifni isaanii qindoomuun daandii adii/bifa aannanii guddaa, Milkii Weyii uumu.

## Urjiilee

Akkuma Biiftuu keenyaa, Urjiileen kubbaawwan ibiddaa ti. Garuu baay'ee gargar fagaatu. Akka calaqqee ifaa xixiqqootti nutti argamu.


Urjiileen hundi halluu ykn bifa walfakkaatoo miti: adii fi cuquliisni baay'ee ho'aa, warri keelloon tempireechara aduu yoo qabaatan, diddiimoon immoo qabbana'aa ykn qorraa dha.

Urjiilee kumni hedduun ijaan ni mul'atu. Milkii Weyii keessa urjiilee biliyoona dhibba tokkotu jiru.



Urjiilee halkanii

## Urjiilee



Suuraa walakkeessa Milkii Weyii Biraaziil keessatti B.Tafreeshiin kaafame. Kara mirgaan, tuutni urjiilee qaaxxamura kibbaa argamuu ni danda'u.

Halluu gara keelloo fi akkasumas halkan dimimmisee kan ifu maal? Yeroo tokko tokko naannawaa fakkaata, yeroo biraa immoo golboo ykn kirooyzaantii fakkaata.

## Addeessa

Addeessi Lafatti naanna'a, akkasumas ifa Biiftuu irraa argattuun ifti.

Namootni bara 1969, 1971 fi 1972 Addeessarra deemaniiru. Addeessarra atimoosfeeriin waan hin jirreef, harganuuf uffata addaa uffachuu qabu turan.

Humni harkisaa Addeessarra jiru dachaa ja'aan kan Lafaarra waan xiqqaatuuf,uffatni kunniin, kiiloo 70 ol kan ulfaatu, baay'ee salphaa isaanitti fakkaata.

Wanti geengawaa fi keelloon, Ganama ba'ee , galgala immoo seenaa? Guyyaa guyyaa ifaa fi ho'a nuuf kennaa? Halkan immoo ni badaa?

## Biiftuu

Biiftuun kubbaa ibiddaa ti.

Darbee darbee dhohinsi xixiqqaan telekoomunikeshinii lafa irra jiru waliin wal arguu danda'u dirra isaa irratti ni uumama.

Biiftuun ala jireenyi Lafa irra hin jiru.

Biqiloota soorata keenyaaf oolanii fi oksijinii harganuu gumaachan guddisuuf deggersa annisaa taasisa.

Ifni Biiftuu lafa ga'uuf daqiiqaawwan 8 itti fudhata.

Hawaan Kiisii koo Keessa Lakk. 34

Giraaziinaa Istaasiniskaa, Buufata Qorannoo Hawaa Paaris irraa, kitaaba bexxellee kana bara 2022 keessa barreessitee akkawoo ishee ilma umriin waggaa 5, Kaamiif kennite. Fakkiiwwan kan kaafaman nama waggaa 8, Arsaniin.

Fuulli gara dhumaa kitaabichaa wantoota adda addaa samii bakka bu'an lama agarsiisa, hogeessa aartii hemisfeera kibbaa (gubbaa) fi hemisfeera kaabaa (jala). Samii akkamitti fakkeessita ykn kaasta? Fuula itti aanu irratti kaasi.

Waa'ee garee kanaa fi mata dureewwan kitaaba bexxellee kana keessatti dhiyaatan beekuf, kana daawwadhu http://www.tuimp.org.


Hiikkaa: Biqilaa Tashoomaa
TUIMP Creative Commons

Fakkii samii kaasuu koo



Biiftuu samii keessatti

## Biiftuu



Fakkii Biiftuu fiitterii addaan (SOHO).
Pirotuubaransii gaarii muraasa arguu dandeessa